

CARRAA HAYYAMA SEENSAA GARA SPOKANE ST SWING BRIDGE (LOW BRIDGE) BALDHATE

Gaaffilee irra deddeebiin gaafataman

SDOT imaammata hayyama seensaa low bridge haaraa akkamiin fooyyessa?

Namootni Lixa Siyaatil keessa jiraatan sababa cufamuu high bridge'tiin akkasumas dhibee weerara addunyaatiin guyya guyyaan haala addaa fi hinbaratamne keessatti dararamaa jiraachuu isaanii ni beekna. Erga January 2021'tti automated enforcement eegalle irraa jalqabee, waa'ee hanga sochii tiraafikaa odeeffannoo walitti qabachuu itti fufnee jirra. Tattaaffiiwwan to'annoo kunneenis low bridge irrahumnisimannaa dabalataa jiru murtaa'aa akka ta'e mul'isanii jiru. Karaa teessoo email fi bilbila piroojektii, miseensota hawaasaa hedduurraa akkamin low bridge fayyaduu akka danda'u yaada dhageenyee jirra. Akkasumas biiznasiwwan fi dhaabbilee Lixa Siyaatil keessa jiran, hawaasa bifa diimaa qaban irratti xiyyeeffachuun rakkoo isaanii caalaatti hubachuun qaamaan isaan quunnamnee jirra.

Akka qaama imaammata kanaatti, namoota waldhaansa fayyaa barbaarsuu lubbuu barbaadaniif, hojjetoota yeroo bilbilamuuf dhufaniif, Restoraantii fi Biiznasiwwan Lixa Siyaatiliif, akkasumas kanneen vans, shuttles ykn official carpools lakk. gabatee hayyama rideshare isteetaan kennameef [state-issued rideshare license plates](#) carraa seensa hayyama low bridge baldhisaa jira.



Carraa hayyama seensaa kana namoota hundaaf baldhisuu hin dandeenyu. Kanaafuu, filannoowwan imaammataa cimaa qopheessuu qabna. Nuyi gara hawaasa Lixa Siyaatiliitti qaamaan dhaquu (Outreach) itti fufna. Jijjiiramni imaammataa hangam humna low bridge dhiibbaa keessa akka buuse hubachuuf sochii tiraafikaa jiru kana to'achuu fi xiinxaluu itti fufna.



Ani hayyama seensaa low bridge'tiif akkamiin iyyachuu danda'a?

Unka iyyataa kana guutuuf gargaarsa argachuu nan danda'aa?

Online iyyadhaa: Hayyama seensa low bridge'tiif www.seattle.gov/transportation/lowbridge ykn koodii QR fuula kanarra jiru fayyadamuun iyyadhaa. Iyyatichi afaanota armaan gadiin ni argama: Ingiliffa, Ispanish, Kooriyaa, Somaalii, Chaayinaa (Traditional), Veetinaam, Oromoo fi Khmer. Iyyata afaan biraatiin ykn waraqaatiin gaafachuuf maaloo WestSeattleBridge@seattle.gov nu quunnamaa ykn lakk. 206-400-7511.



Unka gaaffii hayyama seensaa kana wayita guuttan isin gargaaruu keenyaan gammachuutu nutty dhaga'ama.

WestSeattleBridge@seattle.gov irratti nuuf ergaa ykn lakk. (206) 400-7511 irratti nuuf bilbilaati, namni ta'e isin gargaaruuf isin quunnama.

Isin ykn namni isin beektan Afaan Ingiliffaa kan hin dubbanne yoo ta'ee fi unka gaaffii kana wayita guuttan tumsi yoo isin barbaachise ykn gaaffii yoo qabaattan, lakk. (206) 400-7511 irratti nuuf bilbiluu fi WestSeattleBridge@seattle.gov irratti ergaa sagalee ykn email nuuf kaa'aa. Maqaa, odeeffannoo quunnamtii fi afaan barbaaddani ibsaati namni ta'e bilbila yeroo bilbiltan isiniif deebisa.

Project Information and Contact

Website: www.seattle.gov/transportation/lowbridge

Email: westseattlebridge@seattle.gov | Phone: (206) 400-7511



Seattle
Department of
Transportation

Isinsochiitiraafikaa Spokane St Swing Bridge (low bridge) maaliif daangessaa jirtu?

High-Rise Bridge (high bridge) LixaSiyaatilsabababaqaquutiin March 23, 2020 wayitacufame, hayyamaseensa Spokane St Swing Bridge (low bridge) daangessuunnurraaeegamature. Sarara lama low bridge irra jiru waliin wal bira qabnee wayita madaallu, high bridge kun sarara toorba qabuun konkolaattota hedduu keessumsiiisee jira. Sochii tiraafikaa hunda high bridge irraa gara low bridge'tti jijjiiruuf yaaluun dhiphina tiraafikaa fi sochiin si'ataa konkolaattota muddamsaa, tiraanziitii fi fe'umsaa akka barfatu taasisa.

Automated photo enforcement low bridge irratti akkamiin hojjeta? Tikeetni \$75 natti kennamuu danda'aa?

Isin low bridge irra konkolaachisuuf hayyama yoo hin qabaatiin, sa'aatii low bridge irra qaxxaamuruun dhorkaa ta'etti yoo irra konkolaachisan imala tokkotti adabbiin \$75 isaanirra kaa'ama. Sirni automated photo enforcement low bridge dhorkaawayitata'u, guyyoota hojiitti 5 a.m. irraa hanga 9 p.m'tti akkasumas guyyoota boqonnaatti 8 a.m. irraa hanga 9 p.m'tti lakk.gabatee hayyamaa suura ni kaasa. Sirni automated photo enforcement nama konkolaataa keessa jiru osoo hin dabalatiin, lakk.gabatee hayyama konkolaataa galmeessuuf konkolaattota suuraa ni kaasa. Suuraaleen kunneenis kan kaayyeffatan dhorkiiwwan low bridge irra kaa'amanii jiran raawwachiisuuf yommuu ta'u, gochaa seera gara biraa raawwachiisuuf kan yaadame miti.

Sirni automated photo enforcement lakk.gabatee hayyamaa kanneen eenyummeessaa daataa beezii fayyadamtoota haayyamameef waliin walbira qabee qorachuun konkolaataan sun yeroo sanatti low bridge'tti fayyadamuuf hayyama qabaachuu fi dhabuu isaa ni qulqulleeffata. Qondaalotni Qajeelcha Poolisii Siyaatil tikeeta abbaa gatii \$75 kana erguu isaatiin dura balleessaa raawwatame jedhamee hundaaf suuraa ni ilaala. Konkolaattotni, awtoobisootni, fi konkolaattotni fe'umsaa lakk.gabatee hayyamaa isaanii SDOT tiif kennuun isaan irraa hin eegamu.

Ani low bridge irra konkolaachisuu yoon hin danda'iin, gara LixaSiyaatil deemuu fi achii deebi'uu akkamiinan danda'a?

Imalli filannoo gara Lixa Siyaatil fi achii deebi'uu konkolaataan taasifamu 1st Ave S Bridge or South Park Bridge ni haguuga. Isin tiraanziitiin imalaa yoo jiraattan, vanpool keessa yoo taatan, miilaan deemaa yoo jiraattan, foot scooter elektirikaa, ykn saayikilii oofaa yoo jiraattan low bridge isiniif banaa dha. Namootni konkolaataa muddamsaa, tiraanziitii uummataa, fi konkolaattota fe'umsaa oofan guyyaa keessatti sa'aatii kamuu riqicha kanatti fayyadamuu ni danda'u.



Mallattoolee daandii irraa amayyoomsuun, yeroo siignaalii sirreessuun, fi mallattoolee daandii fooyyessuun daandii jijjiirraa akkaataa salphisuu dandeenyu irratti hojjechaa jirra. Piroojektoota dhiibbaa tiraafikaa jijjiirraan daandii fidu hir'isuu dandeessisan dursa hojjechuuf hawaasa naannichaa waliin itti dhiheenyaan hojjechaa jirra. Kanas kan goonu quunnamtiiwwan tiraanzitii gara Lixa Siyaatil fi achi irraa taasifamuuf dursa kennuun; piroojektoota saayikilii haarawaa ijaaruun; fi sararoota jijjiirraa daandii hundeessuu fi fooyyessuun dha. Wayita imaltan tumsa yoo barbaaddan, marsariitii Filannoo Imala Lixa Siyaatil fi Duwamish Valley:

<https://www.seattle.gov/transportation/west-seattle-travel-options/> irraa daawwadhaa



Dhimmi ariifachiisaan jiraatee osoo low bridge irra darbuun na barbaachisehoo maaltu uumama?

Dhimmootni ariifachiisoon akka uumamuu danda'anii, fi Ambulaansii waammachuurra gara Hospitaalaatti konkolaachisuun isin barbaachisuu akkadanda'u ni beekna. Ammaan kana automated enforcement hojiirraoleejira, tikeetiin gatiinsaa \$75 ta'e namoota konkolaattota hin hayyamiiniif guyyaa hojii sa'aatii 5 a.m. hanga 9 p.m. akkasumas guyyaa boqonnaatti 8 a.m. hanga 9 p.m'tti low bridge irra konkolaachisaniif ni ergama.

Tikeetiin gatii \$75 kun qajeelfamoota akkaataa dhiyeessa komiis ni dabalatu. Itti gaafatamummaa adabbii kanfaluun hin qabdan jennee isiniif hin mirkaneessinu. Maaliif yoo jedhame, kun Mana dhimma Mana Murtii Mana Qopheessaa Siyaatiliin murtaa'u waan ta'eef dha.